Oromo | Afaan Oromoo

# Gargaarsa Abukaatoo Irraa Argachuu

## Abukaatoon eenyu?

Abukaatoon nama amanachuu dandeessu fi gama kee jiruu dha.

- waan barbaadduu fi si barbaachisu namootaaf himuuf si gargaaruu danda'u
- yeroo wanti tokko sirrii hin taane namootatti akka himtu si gargaaruu danda'u
- rakkoole furuuf si gargaaruu danda'u
- rakkoo qaama miidhamummaa nama tokkoo ykn dhimma wallaansa fayyaa wajjin wal qabate kam iyyuu irratti gargaaruu danda'u

Namni kamiyyuu abukaatoo isa gargaaru qabaachuu danda'a.

Nama ogumma abukaatoo qabu hojii isaatiif abukaatoo ta'uuf kaffaltiin ni kaffalamaaf.

Abukaatoon ogeessa seeraa MIITI.

Kin keessatti Abukaatoolen hojjetan jiru, isaanis rakkoolee si yaaddessan furuuf si gargaaruuf ni yaalu.

Tajaajilli abukaatumma Kin TOLA.

Abukaatoolen Kin yoo nu barbaaddan bakka keessan bu'uun dhaabbilee birootti dubbatuu dandaa'u. Fakkeenyaaf NDIS, Centrelink, Damee manoomaa, manneen barnootaa, hospitaalota fi kkf qunnamuu dandeenya.

Abukaatoolen hanga ji'a 12f si gargaaru.

Abukaatoolen Kin rakkoo miidhama qaamaa wal qabatu kam illee ykn dhimma wallaansa fayyaa qofa irratti gargaaruu.

Abukaatoolen "hojjetoota dhimmaa" ("case worker") miti, kana jechuun rakkoo isin qabaachuu dandeessan hunda irratti gargaaruu hin dandeenyu jechuu dha. Haa ta'u malee, tajaajiloota biroo isin gargaaruu danda'an waliin isin wal qunnamsiisu dandeenya.

**Odeeffannoo dabalataaf**

www.kinadvocacy.org.au daawwadha

Bilbila: 9388 7455



Kin | Formerly Ethnic Disability Advocacy Centre